Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- yeroo salaata jalqabuuf jedhan,

Ibnu Umar irraa odeeffame, Rabbiin isaan lamaan irraa haa jaallatu: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- yeroo salaata jalqabuuf jedhan, yeroo jilba qabachuuf Allaahu akbar jedhan qixxee ceekuu isaanii lamaanitti harka isaanii lamaan kan ol kaasan ta'an, akkasumas yeroo jilba qabachuu irraa mataa isaanii ol kaasan harka isaanii lamaan ol kaasanii, akkana kan jedhan ta'an: «Sami'allaahu Liman Hamidah, Rabbanaa walakal hamd», hiikkaan isaatis Rabbiin nama Isa faarse dhagahe, yaa Rabbii keenya faaruun keeti jechuudha. Yeroo sujuuda godhan sana kan hin hojjenne ta'an.

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- yeroo salaatan harka isaanii hanga sirrii ceekuu isaanitti bakkoolee sadii keessatti kan ol kaasan ta'an, ceekuun walitti qabama lafee gateettii fi irreeti. Bakki tokkoffaa: Yeroo salaata takbiiraa hidhannaatiin jalqabeedha. Lammaffaan: Yeroo jilba qabachuuf Allaahu akbar jedheedha. Sadaffaan: Yeroo jilba qabachuu irraa ol jedhee akkas jedhu:- Sami'allaahu Liman hamidah, Rabbanaa walakal hamd. Yeroo sujuuda jalqabuu fi yeroo irraa ol jedhu harka isaa lamaan ol hin kaasu.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/3095